# 32. YESONI NAMA KUNKI SHANI NYAACHISA

**Mariko 6:30-44**

Guyya tokko Yesoni ergatu isa waliin jira. Jennani, ergattuuni Yesoti dachaate, waan tolchiteefi waan barsiifte ch'ufa isati odeesite. Inni waan worraani jed'e, “Lafa mogati nu yaasa koba teteenne diqo boqonna.” Wonti akanatiifi nama hedduti oli gadi yaa tanaafi sagale nyaachu dad'abani.

Koba ufi hobolo keesa duudani, lafa moga d'aqani. Nami hedduuni worra yau jiru arge worra hubate, dira ch'ufa keesaa miilaani oriani, worra durati achiini bahani. Yesoni hobolo keesaa buunaani, gumi guddo arge naheefi, waan worri ree tissitu inqamne fakaatuufi. Inni waan heddu worra barsiise.

Lafti galgaloomnaani, jari isaa isati d'ufe waan jed'eeni, “Lafti moga, aduleeni ya d'iite, biyya gadi d'iisi, aka reerafi olla keesa yaani waan nyaatani bitatani.” Inni waan jed'eeni, “Waan worri nyaatu isaniiyu kennaafi.” Worri waan jed'eeni, “Akkas jechuuni hori haga damoosa nam tokko ta ji’a sadeeti infudati. Dandenne binna re, aka worri nyaatu?” Inni waan worraani jed'e, “Isani qit'a hagami qabdani? Me, beena, ilaala.” Ilaallaani waan jed'ani, “Qit'a shanifi qurt'umi lama qamna.”

Jennaani Yesoni biyya gargari qoqoode, buuyo dooti gubba tataa jed'eeni. Jennaani biyyiti teteete, fulla gari d'ibbaani, fulla gari shantama shantamaani. Inni qit'a shanifi qurt'umi lamaani taani guure, gubba olmillate, eebise, qit'a ch'ach'abse, jara isati kenne, aka biyya gololchani. Ammalle qurt'umi lamaanile biyya ch'ufaa qoode. Nami ch'ufti nyaate quufe. Worri hamba qit'atiifi qurt'umile ta dadu kud'ani lama miju guure. Jari d'iira ka qit'a nyaate nama kunki shani.

**<u>QAJEELUMSA BARNOOTA</u>**

**<u>HIMAANSA JALQABA</u> : Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Jireenna kanke keesati guyya Waaqi kara mamamaatini wo sii tolche tokolle qaabata? Kenna Waaqa suni kara kamiin argite?

**<u>ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.</u>**

**<u>HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha:-</u>**

**<u>Waan YESO nu maan baranna? Kara kamiini akka Yeson Waaqa argina?</u>**

- **Oduun tunini kara kamiini humnaafi jabeenna Yeso garsiifti?**
  - Inni jabeena Dubbi isaatini qalbi gumii qabe. Worri guyya guutu isuma ch’aqasaa oolani.
  - Inni akka gumi sagale kennaniifi ajaje.
  - Inni qitaafi qurtummille ineddeesse.
  - Inni haga namaa feesisu irra kenne.

- Inni jabeenna uumama irrati qaba.

- **Oduun tunini kara kamiini beekumsa Yeso nu garsiifti?**

  - Inni akka biyya gololchuufi akka dhugeefacha jara isa guddisu imbeekhe.
  - Inni haala nami kees jiru imbeekhe- onne fi foonifi akka inni worra feesisufi akka inni Tissa Dansaa imbeekhe.

- **Oduun tunini kara kamiini tola eeba Yeso nu garsiifti?**

  - Inni waan biyyiti golofatu guddise nama chufa guutumaa guutuutti nyaachise.
  - Inni humna Isaa mullise, akka worra isati d'ugeefatu qarqaaru.
  - Inni onne naasu qaba, ato isaafi jari isa dad'abanillee. Inni akka oliye tissa hinqamne worra arge. Ufi ch'aala worra yaade.
  - Inni gumii barsiise; jecha Waaqa woraa kenne.
  - Inni d'ugeefacha jara isa insochoose.
  - Inni waan diqqo jari isa isaati kenne fuud'e guddise hedeesse.

- **Oduun tunini kara kamiini amanammumma Waaqa nu garsiifti?**

  - Waaqi Oobru Edeni keesati akka Baasani gana abaarsa Sheet'ani d'ufeen chabsu kakhate. Abaarsa kan keesa tokkini akka liqimsaan ilme namaati jabaatu ("ilmeen nama danfitu male insooratu"). Yesoni abaarsa chabsa. Innni gumi gololche akanaani jabeenna Waaqa garsiise.

- **Akka Waaqafi nami woliin jiraachu male irra maan baranna?**

  - Gumiini sagale argachuuf Yeso qofa irratti hirkatani.
  - Jari isa rakkoo kana furuuf dandeettii hinqabaanne; qabeenni worri qabu haga fed'an hingau.

**<u>Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani</u>:**

- Lafti chufti abaarsa argate marro chubbu nami Obru Edeni keesati Waaqati chubbameefi. Eegi gaafasiiti ilmeen nama ufi gololchun iti jabaate (Uumama 3). Yesoni Baasaa abaarsa kana gargalche! Inni dandae wo namaa kenna. Arra, fulaan jabduuni nu qarqaarsa Gooftati hirkachuu malle tami fa?

**<u>Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):</u>**
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- Jireenna kanke keesati atini **maanin rakkachuuti jirta, liqimsa mo, uffata mo, barnoota mo, yokhaani qorqorti maati teeti.** Oduun tunini kara kamiin dandeette rakko arra harka si qabdu keesati si qarqaarti? Yesoni akka atin maan irrati isa d'ugeefatu si gaafachuuti jira?
- Yesoni qurtummiifi didiqoofi qita isati kennaniini gummi guddo nyaachise. **Atin akka Waaqafi Mootumma isaati hojjattu, waan diqqo maan qabda?** Kara kamiini isa kennuu dandeeta? Tarkaanfii d'ugeefacha tana yo fud'atte, Waaqi kara kamiin si qarqaaru danda'a?